# سُورَةُ الغَاشِيَةِ
# Suuraa Ghaashiya`aa

*Dura dursoo suuran tun {Suuratulghaashiyaa} je'amti

قبل كل شئ هذه هي سورة الغاشية

*Isiin suuraa makkaati .

وهى سورة مكية

*Aayanni ,isi`ii ,diiddamii jaha.

وآياتها ست وعشرون

*Lakkooysi isi`ii saddeettamii saddeeti

وعددها ثمان وثمانون

*Isiin eega suuraa {zhaariyaatii } buute

نزلت بعد سورة الذاريات.

*Jalqabni maqaa Rabbii rahgmata qabuutii.

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ

**1}***Yaa ergamaa kiyyaa muhammad oduun guyyaa qiyaam`aa si geessee ? sii dhuftee ? Eeyee si geesse jechu , {ghaashiyah} jechuun maqaa guyyaa qiyaama`aatii.

هَلْ أَتَاكَ حَدِيثُ الْغَاشِيَةِ ﴿١﴾

**2}***Fuulli nama gari`ii, guyyaa qiyaama`aa, san, xiqqaataadhaa , saphlataa.

وُجُوهٌ يَوْمَئِذٍ خَاشِعَةٌ ﴿٢﴾

*Kan akkaan dalagaa hedduu itti ulfaattu, tan isan fayyanne dalagu,

عَامِلَةٌ

**3}***Kan akkaan cinqii qabu, shanshalataan hidhamee.

نَاصِبَةٌ ﴿٣﴾

**4}***Kan fuulowwan sun ibidda akkaan ow`un gubatu , seenu.

تَصْلَىٰ نَارًا حَامِيَةً ﴿٤﴾

**5}***Fuulli sun takkaa warri fuula sanii ija bishaan isi`ii akkaan ow`urraayi obaafaman.

تُسْقَىٰ مِنْ عَيْنٍ آنِيَةٍ ﴿٥﴾

*Jarri sun nyaata biraa hin qaban ,

لَيْسَ لَهُمْ طَعَامٌ

**6}***Nyaata akkaan bada`aa malee kan {dgariikg} je`amu, inni muka ibidda keessan mayru , kan akkaan hadhaayu ,ajaayu,kan muka summii horiin irraa dheysu tokko fakkaatu.

إِلَّا مِنْ ضَرِيعٍ ﴿٦﴾

**7}***kan nama hin gabbifne, kan beela naman baafne , jarri akkana tayu, orma kaafiraati.

لَا يُسْمِنُ وَلَا يُغْنِي مِنْ جُوعٍ ﴿٧﴾

وُجُوهٌ يَوْمَئِذٍ نَّاعِمَةٌ ﴿٨﴾

**8}***Fuulli warra gari`ii guyyaa qiyaama`aa san ni bareeda ,nikgma'aatu ,qanani`iitu fuula isaanirraa mul`ata , ni gammadan isaan mu`mintootaa , jarri mu`minaa sun.

لِّسَعْيِهَا رَاضِيَةٌ ﴿٩﴾

**9}***Dalagaa gaarii addunya`arratti dalagerraa gammada, qananiin fuularraa mul`atti , waan sawaaba dalagaa isaanii akkaan argataniif

فِي جَنَّةٍ عَالِيَةٍ ﴿١٠﴾

**10}***Jannata bareedaa ol aanu keessa qubatan.

لَّا تَسْمَعُ فِيهَا لَاغِيَةً ﴿١١﴾

**11}***Kan dubbii ma`naan qabne,isa keessatti hin dhageenye.

فِيهَا عَيْنٌ جَارِيَةٌ ﴿١٢﴾

**12}***Jannata san keessa ija bishaanii tan yaatu heddu'uutu jira laga aananii , kan daymaa, kan farsho`oo , fa`aatu keessa jira , kan lagootii sanirraa dhugan.

فِيهَا سُرُرٌ مَّرْفُوعَةٌ ﴿١٣﴾

**13}***Jannata mu`minni seenu san keessa siree lafarraa ol kaate lallaftuu beerri jannataa irra tattaa`u , tan hoggaa isaan ol seenan dhadhaabbattuuf , heddu`uutu jira

وَأَكْوَابٌ مَّوْضُوعَةٌ ﴿١٤﴾

**14}***Ammas jannata san keessa, kaasa yookaa geeba , heddu`uutu , moggaa {qarqara } laga , yookaa ija bishaanii sanirra , dhadhaabamee jira kan dhugaatii isaanitiif qopheyfame.

وَنَمَارِقُ مَصْفُوفَةٌ ﴿١٥﴾

**15}***Ammas jannata san keessa makhiddaa , yooka boraatii , itti irkatan tan wal maddii dhadhaabbattu heddu`uutu jira.

وَزَرَابِيُّ مَبْثُوثَةٌ ﴿١٦﴾

**16}***Ammas jannata san keessa afaa bakka hunda guutee afameetu jira rabbiin azaaba warra isatti kafaree dubbatee , jannata warra isatti amanee dubbatee,warra isatti ,kafare,karaa amanti`ii qajeelchu`uuf , akka azaaba jalaa bayanii jannata argataniif jecha , akki je`e.

أَفَلَا يَنظُرُونَ

*Si ormi Rabbitti kafare , kan Rabbiin hin jiru je`u, takkaa waan Rabbiin uumen Rabbi

je`u sun , ayli`iin hin laaluu ? .

**17}***Akka gaalli itti uumame , wanni argan akka , Rabbiin gaala guddisee dheeressee jabeessee , Uume kan sanumaan wajji, laafee namaaf gad je`u, kan joollelleen harkiftu kan fe`amu , kan yaabbatamu , kan nyaadhamu , kan mana godhamu , kan uffata godhamu , kan foon isaatifii aananiifii , gogaan isaa , rifeensi isaa waan akkaan kuffaarri sun itti fayyadamu taye. duuba Rabbii gaala san , isaanii uume beekhanii , ittin amananii galata isaa hin galchanii?.

إِلَى ٱلۡإِبِلِ كَيۡفَ خُلِقَتۡ ﴿١٧﴾

**18}***Ammas ormi kuffaaraa sun samii utubaa malee ol fuudhamte,kan roobni gara isi`iitii gad bu`uuf , kan adu'uufii , ji`aafii , urjiin keessatti uumamte laalanii , Rabbii samii uumetti hin amananii? galata isaan galchanii?.

وَإِلَى ٱلسَّمَآءِ كَيۡفَ رُفِعَتۡ ﴿١٨﴾

**19}***Ammas gaarotii dachii sossoo`uu dhoowwitu, tan mukaa citaa magarsitu tan ijji yookaa lagootin keessaa madditu , tan warra baharirra jiru , bahara itti as jiguu dhoowwitu , gaarotii tana akka Rabbiin isii itti uume , faaydaa Rabbiin isaanif keessatti uume , laalanii itti amananii galata , isaa hin galchanii?.

وَإِلَى ٱلۡجِبَالِ كَيۡفَ نُصِبَتۡ ﴿١٩﴾

□

**20}***Ammas akka dachiin itti Afamtee akka karaa hundaan , irra jiraatuu dandayanitti uumamte, laalanii rabbii isii uumee ,waan isaan itti haajaman hunda , keessatti isaanii uumetti , hin amananii ? galata isaa hin galchanii? wanni Rabbiin asitti nuu dubbate kun hundinuu , waan kuffaarri gaafas irraan maaramne , waan humna nama isii uumee, ammallee beekkomsa isaa , akkasuma rahmata inni waan uumef godhu nama agarsiisu,duuba isa horii jiraataniin namaa uume,kan samii isii jala jiraatan,dachii isii gubbaa jiraatan, namaa uume dhiiseti , ormi kuffaaraa sun dhagaa inni uumen , muka inni uumen takkaa nama inni uumen , nabiyyii tayuu awliyaa tayuu , sheyxaana tayuu, jinnii tayuu , bineensa tayuu , Rabbi je`aniinii ibaadan , takkaa gabbaran , sun waan ayliin seenne.

وَإِلَى ٱلۡأَرۡضِ كَيۡفَ سُطِحَتۡ ﴿٢٠﴾

*Orma kuffaaraa kan Rabbii isaan uume dhiisee waan biraa ibaadu san waan rabbiin isaanii kenne , kan namni biraa isaanii hin kennin yaadachiisi , akka itti amananii , galata isaaf galchan , uumaa Rabbiin isaan uume,fayyaa inni isaanii kenne, waan nyaatanii, dhuganii, uffatan , tan inni isaanii uume , isaan yaadachiisi, ammas akka wanni Rabbiin uume hundi , tokkummaa Rabbii himtu, isaan agarsiisi haa islaamayanii yoo saniin islaamayuu baatan , wanni si dhibaa hin jirtu. ati waan sirra jiru geessiftee .

فَذَكِّرۡ

**21}***Ati wanni sirratti jiru isaan yaadachiisu`uu.

إِنَّمَآ أَنتَ مُذَكِّرٞ ﴿٢١﴾

لَّسۡتَ عَلَيۡهِم بِمُصَيۡطِرٍ ٢٢

**22}***Iimaana isaan keessatti uumu`uu miti, irree iimaana isaan keessatti uumtun hin qabduu, kan hoggaa ati isaan gorsitee , karaa isaan qajeelchite, takkaa barsiifte , qalbii isaanii jiisee amansiisu , Rabbii keetii.

إِلَّا مَن تَوَلَّىٰ وَكَفَرَ ٢٣

**23}***Haa tayuu nama gorsa kee qeebaluu didee , islaamarraa gara galee, kafare.

فَيُعَذِّبُهُ ٱللَّهُ ٱلۡعَذَابَ ٱلۡأَكۡبَرَ ٢٤

**24}***Rabbiin isa qixaaxu`uu jiraata azaaba irra gudda`aa,qixaaxa jabaa qixaan`i guddaan qixaaxa aakhira'aati ammoo qixaan`i xiqqaan kan addunya`aati sun akka lola keessatti ajjeefamu`uu , takkaa boojiyamu`uutii.

إِنَّ إِلَيۡنَآ إِيَابَهُمۡ ٢٥

**25}***Warri Rabbitti kafare sun du`aan gara keenya deebi`uudhaa jiraatan akkuma namni hundi gara keenya deebi`uudhaa jiraatu.

ثُمَّ إِنَّ عَلَيۡنَا حِسَابَهُم ٢٦

**26}***Duuba eega gara keenya deebi`anii , waan isaan dalagan hundarraa isaan gaafatuun , isaan qixaaxun nurratti jira .